Qo'annoo Macaafa Ququlluu kutaa 11 ffaa

SEERA KEESSADEEBII

Seensa: Abboommii Waaqayyo isaani kenne kana biyya kan'antti yeroo galan akkamin akka eeguun isaan irra jiru, ijoollee isaanii akka barsiisuu qaban yeroo hundumaa akka yaadatan garaa isaanii keessa akka dhokfatan irra deddeebisee isaanitti dubbata. Kunis guyyaa biyya sana dhaalan, akka isaan dagachuuf jiran waan beekuu dhaaf. Biyya sana dhaaluu qofa utuu hin taane erga biyya sana dhaalaniis umurii dheeraa akka biyya sana keessa jiraataniif Waaqayyoon waaqa isaanii jaallachuu, isa qofa waaqeffachuun, isan irra eegama. Kana ta'uu dhabaannaan saba duraan biyya sana keessa jiraachaa turan wajjin cubbuu walfakkaataa yoo hojjetan waaqa tolfamaa warra kana'anoota yoo waaqessan biyya sana keessaa jarris guyyaa tokko akka buqa'an isaanitti dubbachaa jira. Kun immoo abaarsa isaanitti dhufuuf jiru dha. Waaqayyoof abboomamanii jiraachuun attam eebba dha! Waaqayyo nu haa gargaaru. Amene.

Mata-duree: Yeroo hundumaa Waaqayyoon Jaallachuu.

BOQONNAA 11: 1-32 Dubbifadhu

GAAFFIILEE MAREE

Gaafii kana 1-10 kan jiran A-J kan jiruu wajjin walitti firoomsi.

1. Biyya bishaan jal'isii qabu
2. Loltuu warra Gibxii, fardeen fi konkolaattota liqimse..
3. Harka keetti hidhadhu, akka seenaattis ija kee lamaan gidduutti rarraafadhu
4. laga ce'uudhaaf itti dhiyaatanii jirn
5. Tulluu itti abaarsa labsan
6. Tulluu itti eebba labsan
7. Lafti afaan isaa banee isaan liqimse
8. Abboommii Waaqayyo gooftaa keetii isa ani si abboomu kana yoo eegde,
9. Biyya waaqa irraa bokkaa argatu
10. lafa onaadhaa ka'ee hamma Liibaanonitti, laga Efraaxiisii ka'ee immoo hamma galaana isa guddaa gara lixa-biiftuu

A. tulluu Geriiziim
B. tulluu Ebaal
C. Galaana diima
D. Biyya Gibxii
E. Biyya Kana'aan
F. Daarii lafa isaanii (kaartaa lafa isaanii)
G. Daataanii fi Abiiram ilmaan Eliiyaab
H. Seera Waaqayyoo, dubbii Waaqayyoo
I. Laga Yordaanos
J. eebba siif ta'a
K. Ni abaaramta

11. Kutaa kana dubbifattee booda Waaqayyo maal si barsiise?